# Imaamata Gargaarsa Maallaqaa –MOT-2

## Qabxiiwwan Mummee

- **University Hospitals (UH)n dhaabbata arjummaa dandeettii kanfalu isaaniin tokko malee, namoota hundaaf kunuunsa kan dhiyeesu; garaa garummaa haala maallaqaa dhunfaa isaanii tokko malee, namoonni hunda kabajaan keessumeefamu.**

- **UHn kunuunsaa tolaa kan akka imaammata kana keessaatti ibsame fakkeenyaaf,gargaarsa maallaqaa, kunuunsa %100 hir'aate, yookiin namoota dhuunfaaf kanneen dhukkubsatoota ta'anii tajaajilawwan hospitaala UH ("Tajaajilawwan Hospitaala") kunuunsa hir'suu kennuu danda'a[1]. Imaamanni kunis tajaajilawwan Hospitaalaa barreefama dabalataa 3 keessatti eeramanee fi qaamooti kunneenis barreefama dabalataa 4 keessatti adda baafamaniif hojiirra ni olu.**

- **Tajaajilawwan Hospitaala UH, kunuunsa wal'aansaa yeroo ariifachisaa haaluma Labsii Nageenya Hawaasaa (EMTALA) Kutaa 1867 fi imaamata Kunuunsa Waldhaansa Yeroo Ariifachisaa UH tiin, loogii tokko malee, Imaamata Gargaarsa Maallaqaa ("Imaamata'' kana) jalaatti garaagarummaa dandeettii isaan tokko malee namootaaf tajaajila ni kenna.**
- **Tajaajilawwan Hospitaala UH gargaarsa maallaqaa, Kunuunsa %100 Hir'ate dabalaatee[2] yookiin Kunuunsa Hir'ate[3] namoota dhuunfaaf kanneen ulaagaa seera qabeessummaa armaan gadii guutaniif dhiyeessa:**
  - **Haaluma Qajeelcha Hiyyummaa Federaalaatiin barreefama dabalataa 1 keessa, Agarsiisa A tiin ibsameen, galii maatii %0-%400 Inshuuraansii fayyaa kan hin qabne; yookiin**
  - **Inshuuraansii fayyaa kan qababuu fi galii maatii kan waggaa Qajeelcha Hiyyummaa Federaalaa %0 - %400 haaluma barreefama Dabalataa 1 Agarsiisuu A keessatti ibsame kan qabu**

---

[1] Imaammanni kun kan hojii irra oolu Tajaajilawwan Hospitaala Mummee Fayyaa Ohio tiin akka hospitaalaatti galmaa'uun isaan barbaachiseen.

[2] "Kunuunsa %100 Hir'ate'' jechuun kaffaltii tajaajilootaa %100n hir'ateedha.

[3] "Kunuunsa Hir'ate'' jechuun kunuunsa gatiin isaa akkuma caalaa gutuun isaa dabalta 2 keessatti ibsameetti kan"Hamma Kaffaltii Waliigalaa ("AGB")tti gadi hir'atedha.

- **Akkasumas diriqamaan isaan:**
  - **Kunuunsa yeroo ariifachisaa ykn kunuunsa waldhaansaa barbaachisaa kan biraa Tajaajila Hospitaalaatti kan argate;**
  - **Isaafi odeeffannoo imaamata kanaa fi iyyata gargaarsa maallaqaa gaafatuuf kennuu.**

- **Namoonni erga himni nagaee hospitaalaa ittiin bahan kan duraa barreefameen booda, yoom iyyuu gargaarsa maallaqaa hanga guyyoota dhibba lamaafi afurtamaatiif (240) iyyachi nu danda'u.**
- **Namoonni simannaa cisanii yaalamu kamiif iyyuu iyyata gutuu qabaatu.**
- **Namoonnis akka iyyatasaanii itti fufiinsa qabaatuuf, guyyoota 90 tajaajilawan dedeebii'anii yaalamu itti argatan hundaaf iyyata gutuu qabu.**
- **Bakka namoonni gargaarsa maallaqaatiif iyyachu dadhabanittis, namni sun gargaarsicha argachuuf gahumsa akka qabu murteessuufis UHn qorannoo gahumsaa amantaa qabaatummaarratti hundaa'e gaggeessu danda'a.**
- **Tibba adeemsa kunuunsaa fi hanga heergni hundumti namootaaf bakka qabatuutti UHn yoom iyyuu gargaarsa maallaqaa kennuu ni danda'a.**
- **Tajaajiloonni Hospitaalaas imaamata kanaafi cunfaa afaanii salphaa imaamata kanaa beeksisuudhaaf hawaaa keessaafi marsariitii UH irratti tarkaanfii ni fudhata.**
- **Yoo imaamata kana jalatti abbichi gargaarsa maallaqaatiif gahuumsa kan hinqabaanne ta'e, dhimmi isaa ykn ishee akka Gorsaa maallaqaa Hospitaala UH tiin ilaalamuuf gaafachu ni danda'a/dandeessi.**
- **Imaamanni kunis kennitoota tajaajilaafi warreen dhaabbile hospitaalaatiin naga'en kennamee fi dhiyessitoota Barreefama dabalataa 3 keessatti tarreefamaniin hojiirra ola; innis kanfaltii oggummaa hakimootaa ykn ogeessoota kunuunsa fayyaa kan biraa hin dabalatu. Tajaajiliwwan Hospitaalaa kanfaltii hakiimii ykn oggeessoota kunuunsa fayyaa kamiyyuu diduuf taayitaa hinqabaatan.**

## Imaamata

1. **Namonnis erga hima naga'ee erga hospitaalaa bahanii kan duraa isaanii taasisaniin booda, yoom iyyuu gargaarsa maallaqaa hanga guyyoota dhibba lamafi afurtama (240) tiif iyyachi ni danda'u.**

2. **Gargaarsi maallaqaa haaluma Imaamata kanaatiin murtaa'a. Murteen sunis meeshaalee itti aanitti fayyadamuun kan gulaalamu ta'a:**

   **2.1** **Uunkaa Iyyata gargaarsa Maallaqaa- Namni ykn bakka bu'aansaa akka wal ta'uufi odeefannoo dhunfaa, maallaqaafi kan biraa fi galmee murtee maallaqaa gaafatame taasisuuf barbaachisan ni gaafatama. Uunkaa iyyata gargaarsa maallaqaa kun attamiin akka gutamu ilaalchiseen gorsa uunkaadhuma iyyataarraa argachu ni danda'ama. Uunkaan iyyata gargaarsa maallaqaa [http://www.uhhospitals.org/~/media/UH/documents/MyUHCare/hcapapplication.pdf](http://www.uhhospitals.org/~/media/UH/documents/MyUHCare/hcapapplication.pdf) irraa argachuun ni danda'ama; fi**

   **2.2** **Qabeenyaawwan dhuunfaa jiran – namni ykn bakka bu'aansaa heereega maddawwan maallaqa namni sun argachuuf jiru akka dhiyeessuuf ni gaafatama. Galiin maatii haalawwan kanneen hunda ykn kamiyuu fayyadamuun ni mirkaneefama; W2's, qabxii liqii, sadarkaa ammaa ykn deebii qaraxa federaalaa, himawwan baankii, cittuu tarreefama maqaafi mindaa. Qabeenyaan maallaqaas kan jireenya jalqabaasaanii ykn hanga karoorawwan soorata ykn luboomaaf qabame malee qabeenyawwan namaatichaa hunda kan hammatudha.**

   **2.3** **Akka namni inshuraansii hinqabne deegarsa maallaqaa argachuuf waan barbaachisan gutuufi dhiisu isaa osoo hin murteessiin duras, abbichis karaa Inshuraansii Fayyaa Federaalaa bakka-gabaatiin aguggii wal'aansaa ykn aguggii inshuraanitiif iyyachusaatiif/ isheetiif ragaa akka agarsiisu/ agarsiiftu ni gaatamu.**

      **2.3.1** **Gorsaawwan gargaarsa maallaqaa UH yookiin kanneen biroo karaa UH tiin qophaa'an, namoota dhuunfaa gargaarsa qoriichaaf akka iyyatanii fi itti aansuunis namootuma suun gargaarsa maallaqaaf akka iyyataniif ni gargaaru.**

      **2.3.2** **Tibba hirmaannaa banaa Bakka-gabaa Inshuransii Fayyaa Federaalaatiif kan iyyatan ta'e, namoonni kunneenis osoo UHn iyyata isaanii kan gargaarasa maallaqaa hin madaaliin dura akka karaa Bakka-gabaa Inshuraansii Fayyaa Federaalaatiin aguuggii akka barbaadaniif ni gaafatamu.**

3. **Imaamata kana jalattis odeefannoo ykn galmeewwan imaamata kana keessatti ifatti hinibsamiin ykn iyyata gargaarsa maallaqaa dhiyeessu hafusaanitiin kan ka'e UH n deegarsa maallaqaa hindhorku.**

4. **Dhaabbileen Hospitaalaas gorsa maallaqaa iyyata gargaarsa maallaqaa guutuuf deegarsa barbaadan ni deegara. Namootni dhuunfaa Bakka bu'aa Tajaajiila Maamiila Heereegaa Dhukkubsataa UH irra tarii gargaarsa barbaadan karaa 216-844-8299 yookiin 800-859-5906 Wixataa hanga Jimaataa 9 a.m. hanga 4 p.m.tti qunnamu danda'u. EST yookiin qaamaan Giddugala Tajaajiiloota Maamiilaa UH, 20800 Harvard Ave, Beachwood, OH 44122 yookiin yeroo barbaaddanitti UH Hospital Patient Access Services Department (Mummee Tajaajiiloota Gahaa Dhukkubsataa Hospitaala UH) dawwadhaa.**

5. **Namni dhuunfaa kan inshuuraansii hin qabne, kan inshuuraansii gahaa ta'ee hinqabaanne, yookiin kan inshuuraansii qabu ta'ee imaammata kana jalati gargaarsa maallaqaaf gahumsa qabaachu danda'a yoo isaan ulaagaa seera qabeessummaa armaan gadii kan guutanii fi qabaatan yookiin kunuunsa hatattamaa yookiin waladhaansa barbaachisu kan barbaadan ta'e[4] Tajaajiloota Tajaajilawwan Hospitaala UH keessaa:**

   5.1. **Tajaajilawwan Hospitaalaa kan inshuuraansii hin qabneef, kan inshuuraansii gahaa hintaanee, yookiin nama inshuuraansii dhuunfaa qabu garuu kan galii maatii isaani %250 gadi yookiin Qajeelchawwan Hiyyummaaa Federaalaa kan ammaatiin walqixa ta'aniif kunuunsa hir'ata %100 dhiyeessa.**

   5.2. **Tajaajilawwan Hospitaalaa, kanneen inshuuraansii hin qabne, kan inshuuraansii gahaa hintaanee, yookiin nama inshuuraansii dhuunfaa qabu garuu kan galii maatii isaanii Qajeelchawwan Hiyyummaaa Federaalaa ammaatiin jidduu %251 fi %400 ta'eef kunuunsa hir'ataa dhiyeessa.**

   5.3. **Dhaabbileen Hospitaalaas Karoorawwan kanfaltii ni dhiyeessu.**

   5.4. **Tajaajilawwan Hospitaalaa haaluma barreefama dabalataa 2 tiin ka'amiin nama dhuunfaa ulaagaawwan alatti kufuuf mirga Kunuunsa% 100 Hir'ate yookiin Kunuunsa Hir'ate dhiyyeessu qaba, yoo namni dhuunfaa kan adda baafaman, yoo murtee Tajaajilawwan Hospitaalaa qofaa keessatti fi Gaggeessaa Ogeessa Maallaqaa UH tiin akka haalawwan qoriichaa adda qabaachuu n isaa mirkanaa'ee(i.e. dhukkubbii cimaa, kaffaltiiwwan qoriichaa baayyee fi/yookiin qoriichaawwan, kkf).**

   5.5. **Imaamata kana jalatti deegarsa argachuuf namoonni bakkeewwan tajaajila dhaabbilee hospitaalaa jiraachu qabaatu. Bakkeewwan tajaajilaas Kaaba-Baha Ohio ykn bakkeewwan tajaajilaa dursaa ykn lammaffaa ni dabalata.**

6. **Yoo abbichi (walitti aansuun baatii lamaaf (2) hin kanfaliin hafe) ta'e karoora kanfaltiirratti kanfaltii hirate hafeef sochiilee funaanuu idilee eegaluuf UHn mirgisaa eegamaadha. Sochiin funaanu idilees akka sochiilee funaansa addaatti ("ECAs") akka gadi 7.1 keessatti eerametti ilaalamu hindanda'u, akka abbicha waa'ee dandeessii isaa/isheen imaamata kana jalatti gargaarsa maallaqaatiif iyyachu qabdu beeksisuufwwan bakka dhaabbilee hospitaalaa akka "yaalii sababa qabeessaa"**

---

[4] Faayidaa imaammata kanaaf, ogeessi fayyaa UH hiikaawwan ibsa Qoricha Ohio Koodii Bulchiinsa Ohio 5160-1-01 keessatti fayyadamuun kunuunsichi kan barbaachisu ta'u murteessa..

**ta'uun fudhatama. Sochileen funaansaa idileefi yaaliin sababa qabeessa sunis kan hammachu qaban:**

**6.1.** **Himiiwwan naga'ee ergamuus iyyata gargaarsa maallaqaa attamiin akka argamu irratti eerguu irratti odefannoo kan hammatuudha;**

**6.2.** **Iyyata gargaarsa maallaqaa kami iyyuu erga naga'een duraa kan hospitaalaa bahuu abbichaaf ergameen guyyoota 240 boodaa fi gargaarsi maallaqaa irratti hanga murteen dabarfamuttuutti sochiileen funaanuu idile hundi ni adeemsisuu;**

**6.3.** **Waamichi funaanuu fi xalayyaa tokkon tokkoo isaanii odeefannoo attamiin gargaarsa maallaqaatiif akka iyyatamu qabaatuun eegalama;**

**6.4.** **Sochiilee dabalataatiif Ejansii funaansa qaama sadaffaa hirmaachisuu, haata'u malees, haaluma Kutaa 7 asiin gadiitiin hanga beeksisni sirriin kennamufitti ejansiiwwan funaansaa qaama sadaffaa ECAs keessatti hin hirmaatan;**

**6.5.** **Beeksisa barreefamaa gargaarsi maallaqaa jiraachusaa ibsu nama gahumsa qabuuf, dhaabilee hospitaala ECAs adda baasuun (ykn paartii taayitaan kennameef kan biraa) kunuunsaaf kanfaltii argachuuf gaafachu kan danda'u, fi guyyaa dhuma yoomiin booda akka ECAn eegalamu qabu caqasuu (barreefamni beeksisaa kun erga kennamee guyyoota 30 booda dura ta'u hin qabaatu) dhiyeessu;**

**6.6.** **Sababii iyyata gargaarsa maallaqaa gutuu hintaaneetti ammoo, attamitti iyyanni gargaarsa maallaqaa akka gutamu beeksisuun akka kana raawatuufis namtichaaf carraa fudhatamaa ta'e (guyyoota jahaatamaa (60) gadi kan hintaane) kenniif;**

**6.7.** **Cunfaa imaamata gargaarsa maallaqaa afaan salphaatti akeekachisa barreefamaa gargaarsi maallaqaa namoota gahunsa qabaniif kan jiru akka ta'e ibsu namtichaaf kennuu; fi**

**6.8.** **Waa'ee imaamata gargaarsa maallaqaafi yoo xinnaate jalqaba ECA tiin guyyoota soddomaan (30) dura iyyata gargaarsa maallaqaa irratti afaaniin namootatti himuuf yaalii fudhatammaa taasisuu;**

**Gahumsa Gargaarsa Maallaqaa murteessuuf UH yaalii fudhatamaa taasisuudhaan waa'ee dandeettii inni/isheen gargaarsa maallaqaa iyyachuuf qaban yoo beeksiseen illeen, imaamata kana jalatti kan murtaa'u Daareektara Tajaajila Maamilaatiin.**

7. **Haaluma hima naga'ee irratti kaa'ameen namoonni amma gaheesaanii kan hinkanfallee yoo ta'e, fi haaluma kutaa 6 oliitti gahumsa namootaa gargaarsa maallaqaatiif murteessuuf UH n yoo yaaliiwwan fudhatama qabeessaa taasisee, UH n ECA hirmaachisu ni danda'a. Guyyoota dhibbaafi digdama (120) naga'ee jalqabaatiin booda UH n dursee ECA hirmaachisu hindanda'u. Osoo ECA hin hirmaachisin duras UH n hubachisa guyyaa soddomaa (30) abbichaaf kennuuf qaba.**

**7.1. UHn ECA wwan ittaanan keessatti hirmaachisuuf barbaada:**

**7.1.1. Liqaa namootaa qaama sadaffaatti gurguuruuf;**

**7.1.2. Waa'ee ejansiiwwan gabaasaa liqaa fayyadamtoota namoota dhuunfaa ykn biiroolee liqaa irratti gorsaa odeffannoo gabaasuu;**

**7.1.3. Kunuunsa barbaachisaa wal'aansaa imaamata kana jalatti hammataman osoo hin kenniin dura yeroo biraatti dabarsuu, haaluu ykn kanfaltii gaafachuu; fi**

**7.1.4. Adeemsa tarkaanfiiwwan seeraa yknadeemsa seeraa barbaadan:**

**7.1.4.1. Qabeenyaa namoota dhunfaa rratti kan duraan beekamuun waan addaa kan ta'e kaa'uu;**
**7.1.4.2. Herreega baankii dhuunfaa yookiin qabeenyaa dhuunfaa biroo qabachuu yookiin itti maxxansuu;**
**7.1.4.3. Namoota dhunfaarratti tarkaanfii sivilii eegaluu;**
**7.1.4.4. Kanfalamu dhuunfaa hojataan guyyaaaragtuu miidhagsuu.**

**8. Carraa filatamuuf Gahumsa Qabaachu**

**8.1 Yoo ji'oota sada (3) duraatti gargaarsa maallaqaa kan dhaabbata Hospitaalaa irraa kan argate yoo ta'ee, namni dhunfaa deegarsa maallaqaa "carraa filatamuuf gahumsa qabaachu" tiif hammatanu ni danda'a.**

**8.2. Nama duraan Kunuunsa Hir'ate %100 Tajaajilawwan Hospitaalaa irraa argatees guyyaa murtoo gargaarsa maallaqaaa isa jalqabaa irraa kaasuun ji'oota sadiif (3) tajaajiloota qoriicha barbaachisu hundaaf Tajaajilawwan Hospitaalaa irraa Kunuunsa Hir'ate %100 argachuuf akka seera qabeessaatti ilaalama.**

**8.2.1. Namni dhuunfaa Kunuunsa Hir'ate %100 fudhataa jiruus hir'a sanaaf beeksiisa barreeffame hin kennamuuf.**

**8.3. Nama duraan fudhatan Kunuunsa Hir'ateTajaajilawwan Hospitaalaa irraa argatees guyyaa murtoo gargaarsa maallaqaaa isa jalqabaa irraa kaasuun ji'oota sadiif (3) tajaajiloota qoriicha barbaachisu hundaaf Tajaajilawwan Hospitaalaa irraa Kunuunsa Hir'ate argachuuf akka seera qabeessaatti ilaalama.**

**8.3.1. Yoo namni dhuunfaa Kunuunsa Hir'ate kan fudhatu ta'e, namtichi gargaarsa maallaqaatii beeksaisa barreefamaa fi haalagargaarsa maallaqaa dabalataaf gaafatu irratti odeeffannoon kennamuuf qabaata.**

**8.4 Dhukubsataan Iyyata Gargaarsa Maallaqaa, ykn galmee deegaran kan hin dhiyesine yoo ta'e, dhaabileen hospitaalichaa murteessuuf gabaasawwan liqii fi odeffannoo hawaasatti ifa ta'an, ulaagaalee seeraa hojiirra olan waliin kan walsimu, baayina maatii tilmaamameefi baayyina galii gahumsa gargaarsa maallaqaa murteessuuf bu'uurefachuuf ta'u ni xinxala. Namni qajeelfamichaan gargaarsa maallaqaatiif gahaa ta'uun argameefi ji'oota sadan (3) darban keessatti iyyata gargaarsa maallaqaa duraan hin galchiinis, hirisa gatii %100 ni argata.**

**9. Imaamata Bal'inaan Himame.**

**9.1. Tajaajilawwan Hospitaalaa imaamata kana kan godhu,gaaffiiwwan fayyadama gargaarsa maallaqaa, fi odeeffannoo dabalataa waa'ee gargaarsa maallaqaa argamu karaawwan armaan gadii:**

**9.1.1.** **Uunkaan gaaffii gargaarsa maallaqaa fi cuunfaan karoora uunkaa kanaa karaa[http://www.uhhospitals.ort/myuhcare/online-bill-pay/uh-online-bill-pay/hopsital/billling/hopsital-charity-financial-assistance-program.org.](http://www.uhhospitals.ort/myuhcare/online-bill-pay/uh-online-bill-pay/hopsital/billling/hopsital-charity-financial-assistance-program.org.) argamu danda'a;**

**9.1.2.** **Waraqaan kooppii imaammata kanaa, uunkaan gaaffii gargaarsa maallaqaa, fi cuunfaa bu'uura afaanii salphaan imaammata kanaa yoo gaaffatan , kaffaltii malee, karaa poostaa fi Tajaajilawwan Hosipitaatti bakkeewwan uummataa,,kutaa balaa tasaa, naannoowwan simannaa, naannoo galmeewwan hospitaalaa, naannoo gorsuu maallaqaa fi waajjiraalee gargaarsa maallaqaatti ni argattu;**

**9.1.3** **Odeefannoon waa'ee imaamata kanaas miseensoota hawasaa dhaabbilee hospitaalaatiin tajaalilamaiif haaluma miseensota hawaasa dhaabbilee hospitaalaa irraa deegarsa maallaqaa gaafachu danda'an akka gahuuf qophaa'e ni raabsama;**

**9.1.4** **Garagalichi waraqaa cunfaa afaan salphaa imaamata kanaas haaluma adeemsa simannaa dhukubsataa ykn gageessaatti namootaaf ni kennama;**

**9.1.5** **Waa'ee attamiin gargaarsa maallaqaatiif akka iyyatan irratti odeefannoon himawwan naga'ee dhaabilee hospitaalaa hunda irratti, lakkoofsa bilbila ofisara dhaabbilee hospitaala ykn Kutaa waa'ee imaamata kanaa odeefannoo kennuu danda'u, adeemsa iyyataa, tessoo marsaritii kalattii UH dabalate, bakka garagalchi imaamata kanaa, iyyatiiwwan gargaarsa maallaqaa, fi cunfaa afaanii salphaa bakka itti argamu danda'u ni argama;**

**9.1.6** **Waa'een Sagantaan gargaarsa maallaqaa UH ummatatti ifata'es bakkeewwan yeroo ariifachisaafi simannaa dhaabilee hospitaalaa hundatti dhaabbataan ni maxanfamu;**

**9.1.7** **Namoota Iyyata gargaarsa maallaaqaa gutuuf gargaarsa barbaadaniif dhaabileen hospitaalaa gorsa maallaqaa ni kennuuf. Namoonni Bakka bu'aa Tajaajila Maamila Heereegaa Dhukubsattoota UH irraa gargaarsa barbaadanis 216-844-8299 ykn 800-859-5906 Wiixataa hanga Jimaataatti sa'aa 9 a.m. to 4 p.m. EST qunnamu ni danda'u.**

**9.1.8** **Mallawwan kan biraas haaluma seera mootumaa naannoo ykn kan federaalaatiin barbaadameen.**

**10. Kennitoota Gargaarsa Maallaqaa Imaamata Kana Jalatti Kannan.**

**10.1. Tarreeni kennitoota gargaarsa maallaqaa dhaabbilee hospitaalaa imaamata kana jalattis barreefama dabalataa 4 jalatti tareefameera. Haaluma guyyaa barreefama dabalataa 4 jalatti eerameetiin kaasee, yoo barbaachisaa ta'ee, haala irra deddebii kurmaananan gadi hintaaneen booda kan foyyeefamuus, tarreefamni dhiyeesitootaa sirriidha.**

**11. Kennitoota Gargaarsa Maallaqa Imaamata kana jalatti hinkennin.**

**11.1. Tarreen kennittotaa dhaabbilee hospitaala UH tti garuu gargaarsa maallaqaa imaamata kana jalatti hinkenniinees barreefama dabalataa 5 jalatti tarreefamaniiru. Akkuma guyyaa barreefama dabalataa 5 jalatti eeramee irraa kaasee, yoo barbaachisaa ta'ee, haala irra deddebii kurmaananan gadi hintaaneen booda kan foyyeefamuus, tarreefamni dhiyeesitootaa sirriidha.**

**12. Timaammiifi Walitti qabuu**

**12.1. Tarkaanfiiwwan dhaabbilee hospitaala UH tiin wayita kanfaltiin hinjireetti raawwatamu (Gov-11) Imaamata walitti-qabaafi Naga'ee addaa irratti ibasameera. Miseensoom hawaasaas gargalcha bilisaa Gov-11 Imaamata Walitti-qabaafi tilmaammii Bakka Bu'aa Tajaajila Maamila Heereegaa Dhukubsattoota UH karaa 216-844-8299 ykn 800-859-5906 tiin Wiixataa hanga Jimaataatti sa'aa 9 a.m. to 4 p.m. EST qunnamuun argachu ni danda'u.**

**13. Bulchiinsi UH, mirkanneessuu Daarektaroota Bordii UH tiin, mirga ulaagaalee namoonni ittiin gargaarsaaf Imaamata kana jalatti itti filatamanii jijjiruu ni qaba.**

**14. Imaamata kanaratti dabalatni-4 fi dabalatni-5 kurmaanatti wayitaawuu qaba, akkasumas dabalatni-2 waggaatti wayitaawuu qaba. Jijjiiramootni kun, haala seeraa Treasiin gaafatame gituutti irra deddeebiin wayihojjataamuu qabu. Reg. §1.501(r). Jijjiiramootni kunnniin, bulchiinsa UHtiin, Gumii Fayyadama Hawaasaa fi Boordii Daarektaroota UHtiin mirkaneeffamuuun isaanii kan barbaachisaa miti.**

**Arfaasaa 20, 2017 Koree Boordii Bulchiinsaatii mirkanaa'ee.**

# Barreefama Dabalataa 1
# Gargaara Maallaqaa fi Iyyiimmaa Wal'aansaa

### Agarsiisa A

**Qunnamtii Gargaarsa Maallaqaa- Kan inshuuraansii hin qabne, Kan inshuuraansii gahaa hintaanee , fi Kan inshuuraansii qabu**

| **Qajeelfama Iyyummaa Federaalaa** | **0-%250** | **251-%400** | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Hir'uu | 100% | AGB | | | |

*Seerri Ohio HCAPn nama galii maatii isaa 0-%100 ta'eef hir'isa %100 dha.

### Agarsiisa B

Dhukubsataan agarsiisa A jalatti hinguunnee, yoo akka baasiin wal'aansaa isaanii akka parsantaa galii maatii isaaniif kaa'amee gadii kan caalu ta'uu agarsiisu danda'a, ammas garggarsa maallaqaa ni argatu ta'a.

Baasiinis bara lakkofsicha keessa kan raawatameefi wal'aansa barbaachisaa ykn hospitaala yeroo ariifachisaafi tajaajilawwan hakiimaa, qoricha mana kusaa qorichaa, fi meeshaa wal'aansaa turuuf kan bahee ta'u qabaata. Dhukubsatoonni imaamata kana jalatti hirifam gatiitiif akka hammataman barbaadanis galme galii, bakka jireenyaafi baasii wal'aansa isaan dandeessisu kan haala yeroo dhiyyeessu qabu.

### Hiyyummaa Qoriichaa**

| **FPL** | **401-%600** | **%601≥** |
|---|---|---|
| Dirqama olaanaa haaluma % Galii Maatiitiin | %10 | %15 |

** % Galii Maatiitiin kan AGB kan hin caallee yoo ta'ee ittigaafatamummaan olaanaa yoomuu hin jiraatu.

# Barreefama Dabalataa 2
# Baayyina Walitti qabaatti Naga'een Qophaa'eef

Akka Labsii Kusaa maallaqaa §1.501(r)tti, Hosipitaalonni namoota imaamata kana jalatti gargaarsa maallaqaatiif gahumsa qaban hirisa gatii imaamata kanaan (barreefama dabalataa dabalatee) murtaa'een ol kanfalchiisu kan hindandeenyee fi yeroo kamittiyyuu Ogummaa Daladalaafi kunuunsa Wal'aansaatiin tajaajiawwan keennuuuf hanguma walitti qabaa hereegaa (AGB) kan hincaallee ta'u qabaata.

Hangi Baayyina Hereega Waliigala HU 2017 fi 2018:

| Tajaajila | Hanga 2017 | Hanga 2018 |
|---|---|---|
| Ahuja | 33% | 34% |
| Jiddu gala Waldhaansa Cleveland | 40% | 42% |
| Conneaut | 49% | 48% |
| Elyria | 38% | 36% |
| Geauga | 29% | 30% |
| Geneva | 39% | 38% |
| Parma | 33% | 31% |
| Portage | 27% | 25% |
| Regionals | 31% | 31% |
| Samaritan | 55% | 55% |
| St John | 31% | 29% |

Tajaajilawwan UH 2017-AGB hanga guyyoota haguggii tajaajilawwan wayita:
Amajjii 1, 2017 – Muddee 31, 2017
Tajaajilawwan UH 2018-AGB hanga guyyoota haguggii tajaajilawwan wayita:
Amajjii 1, 2018 – Muddee 31, 2018

Akaawuntiiwwan tibba yeroo herreegaa ilaalaman qofatuu herreega keessatti hammatama.

Herreegni yeroo hundaa waggaatti Muddee 31 irratti kan haromsamuufi bara itti aanuu ammoo Amajjii 1 rraa kaasee hojiirra kan oluufi herregni sunis kanfalttii bara bajataa itti aanu sirreessuuf kan itti fayyadamamuudha.

Herreegni AGB hanga dhibbantaa deebiisamee kanfalamuuf eegamu (hanga qaama inshuraansiitiin hagamamu) baasii waliigalaa haaluma asiin gadiitti ka'ameeniitti hiramee kan argamuudha. Dhibbantaan tokkoon tokkoo dhaabbilee AGB qofaa qofaatti herreegama.

Fakkeenyaaf:

Kanfaltii Waliigalaa $10,000
Kanfaltii akka deebifamuuf Eegamu $3,800
Gatii AGB = %38

Kanfaltiin akka deebifamuuf eegamus kan hiikamu baayyina kanfaltii haaluma hanga UH fi kanfalaa inshuraansii jiddutti waliigaltee taasifameetiin tajaajila wayitiif argatamuuf eegamu.

Kutaaleen inshuraansii herregicha keessatti hammatamanis Medicare, Anthem, Commercial, HMO, MMO, PPO, and Kunuunsa to’atamu dha.

Ramaddiiwwan inshuraansii Medicare HMOs, Medicaid, Medicaid HMOs, fi karorri ofiin taasifamuuf eegamu kan biraa, kanfaltoota Motummaa kan biraa, fi dhukubsataa ofiin kanfalu addumatti Iherreegga keessaa bafamaniiru.

Dhukkubsataa kam iyyuu gargaarsa maallaqaatiif gahumsa akka qabu UHn murtesse fi dhukkubsataan itti gaafatamaa ta’usaa hanga UHn murteesseen caalaa kan kanfaleef, (garaa garummaa akaawuntiin dhukkubsatichaa kan hinkanfalamne ykn kan cufame ta’usaa tokko malee) hanga caalmaa kanfalameef sana UH debiisee ni kanfalaaf.

# Barreefama Dabalataa 3
# Dhaabbilee Hosiptaalaa Deegarsa Maallaqaa Dhiyeessaa Jiran

- Avon RH, LLC d/b/a University Hospitals Avon Rehabilitation Hospital
- Beachwood RH, LLC. d/b/a University Hospitals Rehabilitation
- Robinson Health System, Inc. d/b/a University Hospitals Portage Medical Center
- Samaritan Regional Health System
- The Parma Community General Hospital Association d/b/a University Hospitals Parma Medical Center
- University Hospitals Ahuja Medical Center
- University Hospitals Cleveland Medical Center
- University Hospitals Conneaut Medical Center
- University Hospitals EMH Regional Medical Center d/b/a University Hospitals Elyria Medical Center
- University Hospitals Geneva Medical Center
- University Hospitals Geauga Medical Center
- University Hospitals Rainbow Babies & Children's Hospital
- University Hospitals Regional Hospitals (Bedford and Richmond Campuses)
- University Hospitals St. John Medical Center

# Barreefama Dabalataa 4
# Dhiyeessitoota Imaamata kana Jalatti Deegarsa Maallaqaa Kennan

<u>2017 fi 2018</u>

- St. John Medical Group
- University Hospitals Medical Group, Inc.

# Barreefama Dabalataa 5
# Dhiyyeessitoota Kanneen Gargaarsa Maallaqaa Hin Dhiyyeessine Imaammata kana jalatti

**Dhiyeessitoota 2017 fi 2018**

- 4M Emergency – An IMMH Company
- Anesthesia Associates
- Anesthesia Consultants, Inc.
- Behavioral Healthcare Association, Inc.
- Cardiovascular Clinic
- Centers for Orthopedics
- Community Intensivists
- Community Hospitalists, LLC
- Elyria Anesthesia
- Elyria Physician Services, Inc.
- Geauga Anesthesia
- Bulchiinsa Meedikaala Ayislaandii/ Kaappitaala New Mawunteen
- Martian Healthcare Group
- Midwest Pathology
- North Ohio Heart
- Northcoast Anesthesia Providers
- Parma Professional Corporation
- Pediatrix Medical Group, Inc.
- Physicians Emergency Services, Inc.
- Physicians Link Centers, Inc.
- Physician Staffing, Inc.
- Portage Pathology Association, Inc.
- Ravenna Radiology, LLC
- Rocky Mounty Holdings, LLC d/b/a UHMedEvac (Korporeshinii Malawwan Qilleensaa)
- Roseline Okon MD, LLC
- Safe Anesthesia, LLC
- Southwest Orthopedics
- St. Vincent Medical Group
- Superior
- Health Team
- Tri-City
- University Emergency Specialists, Inc.
- University Primary Care Practices, Inc. d/b/a University Hospitals Medical Practices
- West Branch Anesthesia Association, Inc.

- Waldaalee Pathology Westside